# HAQAWWAN WAA'EE IJOOLLEE UMURIIN ISAANII KURNAN KEESSA TA'EE FI MAARIWAANAA.

## Oduun gaarii (fi ajaa'ibaa) muraasni kunooti:
## Waa'ee maariwaanaa fi qoricha sammuu hadoochu kan biroo fayyadamuu irratti odeeffannoo amanamaa ta'e ilaalchisee, ijoolleen umuriin isaanii kurnan keessa ta'e maatiiwwa isaanii fi ga'eessota jireenya isaanii keessatti amanamoo ta'an ilaalu.

Akkasumas oduun sirumaayyuu fooyya'oo ta'an muraasni kunooti: **Ijoollee umuriin isaanii kurnan keessa ta'e waliin haasa'uun akka hojjetu ni beekna.** Konkolaataa keessatti, irbaata nyaachaa ykn deemsa miillaa naannoo irrattis ta'u, yommuu ijoollee keessan umuriin isaanii kurnan keessa ta'e wajjin waa'ee maariwaanaa fayyadamuu irratti mari'attan, isin dhaggeeffatu.

Gaaffiilee ni qabaatu, akkasumas deebiiwwan kennuun akka isin barbaachisu muuxannoo irraa ni beektu.

### Kanaafuu... maariwaanan akkamitti ijoollee umuriin isaanii kurnan keessa ta'e miidha?

1. Maariwaanan qabxiilee isaanii irratti dhiibbaa uumuu danda'a. Maariwaanaa umurii malee dafanii fayyadamuun akkaataa sammuun ijoollee umuriin isaanii kurnan keessa ta'e akka jijjiiruu fi yaadachuu, barachuu fi dammaqinsa sammuu irratti dhiibbaawwan yeroo dheeraaf turan qabaachuu danda'a.
2. Maariwaanan ga'eessota caalaa ijoollee umuriin isaanii kurnan keessa ta'e irratti araada guddaa fida. WA keessatti ijoolleen umuriin isaanii kurnan keessa ta'e sagantaalee wal'aansa qoricha sammuu hadoochu irratti hirmaatan harki caalaan maariwaanan qoricha sammuu hadoochu ijoo itti fayyadaman ta'uu gabaasan.
3. Fayyadamni maariwaana qindoominaa fi turtii deebgochaa irratti dhiibbaa uumuu kan danda'uu fi WA keessatti caalmaatti balaa du'aan walqabatee jira, keessumaa yeroo wantoota biroo wajjin makamu.
4. Maariwaanaa fayyadamuun amala tilmaamamuu hin dandeenyee fi murtoo gaarii hin taane kan fayyadamaa fi namoota biroo miidhuu danda'u murteessuu danda'a.
5. Namoonni umuriin isaanii waggaa 21 gadi ta'an maariwaanaa fayyadamuun seeraan ala. Seerri kun yeroo baay'ee haqa malee kan raawwatamu yoo ta'u, fayyadama maariwaanaa irraa fagaachuun ijoolleen umuriin isaanii kurnan keessa ta'e wal qunnamtiiwwan qaamolee seera kabachiisan wajjiin qabanii fi sirna seeraa yakkaa wajjin akka hin qabaanne eeguu danda'a. Qabamuu fi maqaa balleessiin walqabatee dhufu dandeettii gara fuulduraatti hojii argachuu ykn gargaarsa maallaqaa kolleejjiif argachuu irratti dhiibbaa uumuu danda'a.



Amma haqawwan jiran erga argattanii booda, **waa'ee balaa maariwaanaa fayyadamuun geessisu ilaalchisee ijoollee keessan umuriin isaanii kurnan keessa ta'etti haasa'aa**. Waa'ee danbiiwwan keessanii fi wantoota isin isaan irraa eegdan ifatti kaa'aa. Akka isaaniif jirtan itti himaa.

Odeeffannoo dabalataa fi waa'ee haqawwan jiran caalaatti baruuf, **StartTalkingNow.org** daawwadhaa. Yoo ijoolleen keessan umuriin isaanii kurnan keessa ta'e waa'ee filannoowwan fayya-qabeessa ta'an gochuu caalaatti baruu barbaadan, **YouCanWA.org** ilaaluu danda'u.

Yoo ijoolleen keessan umuriin isaanii kurnan keessa ta'e hiriyaa isaa wajjin haasa'uuf caalaatti itti mijata ta'e, sararri gargaarsaa bilisaa fi icciitii ta'e kan ijoollee umuriin isaanii kurnan keessa ta'e kan leenji'aniin keessummeessamu jira. Ijoolleen keessan umuriin isaanii kurnan keessa ta'e gara **1-866-TEENLINK (833-6546)** tti akka bilbilan, ergaa barreeffamaa ergan ykn akka haasa'an jajjabeessaa.

Ijoolleen keessan umuriin isaanii kurnan keessa ta'e fayyadama maariwaanaa ykn qoricha samuu hadoochu biraatiin rakkachaa jiru jettanii yoo yaaddan, doktara isaanii qunnamaa ykn gara **Washington Recovery Help Line 1-866-789-1511** bilbilaa.